Maatii Ijoo Dubbii

# Bu’aa Qorannoo Poozativii:

## Beeksisa Bu'aa Qorannoo Saamuda Dhiigaa

Cytomegalovirus (CMV) Detected, Family Fact Sheet—Oromo

## Saayitoomeegaloovaayirasiin (CMV) argameera:

### Qorannoo wal’aansaa daa'imman reefuu dhalatanii irratti maaltu argame?

Saamudi dhiigaa mucaa keessan yommuu dhalatu walitti qabame vaayirasiin saayitoomeegaloovaayirasii (CMV) jedhamu jiraachuu isaa ni agarsiisa ture.

### Kana jechuun maal jechuudha?

Mucaan dhibee CMV waliin yommuu dhalatu, CMV dhalootaan dhufu (cCMV) jedhama. CMV’n dhalootaan dhufu infekshinii yeroo da’umsaa ykn yeroo daa’imni dhalatu uumamudha. Daa’imman cCMV’n qabaman dhaloota irraa kaasee mallattoolee agarsiisuu danda’u, yeroo ijoollummaa irraa kaasee mallattoolee agarsiisuu danda’u, ykn mallattoolee dhibee cCMV gonkumaa hin agarsiisan.

Bu’aan qorannoo daa’ima keessanii mucaa keessanii cCMV qaba jechuu miti, garuu mirkaneeffachuuf qorannoo dabalataa barbaachisa.

### Itti aansuun maaltu ta'a?

Doktarri mucaa keessanii vaayirasichi fincaan mucaa keessanii keessas jiraachuu isaa ni sakatta’a ykn ni ilaala. **Bu'aa sirrii ta’e argachuudhaaf, qorannoon kun mucaan keessan guyyoota 21 osoo hin guutin raawwatamuu qaba.**

CMV’n fincaan mucaa keessanii keessatti yoo hin argamne ta’e, qorannoon dabalataa hin barbaachisu.

CMV’n fincaan daa’ima keessanii keessatti argameera yoo ta’e, daa’imni keessan infekshinii CMV qaba jechuudha kanaafuu rakkoo fayyaa cCMV’n dhufu barbaaduudhaaf qorannoo dabalataa gochuun ni gorfama:

- Dhiiga fuudhuu
- Qorannoo dhageettii ispeeshaalistii dhageettii daa’immaniin (awudoologistiidhaan)
- Qorannoo ijaa ispeeshaalistii ijaatiin (optaalmaaloojistiitiin)
- Altiraasaawundii mataa

Akkasumas ispeeshaalistii dhukkuba daddarboo daa’immanii (ID) waliin akka wal argitan gaafatamuu dandeessu.

### Rakkooleen fayyaa kamtu cCMV waliin walqabatee jiraa?

Mucooliin muraasi cCMV qaban yeroo dhalatan mallattoolee kanneen akka:

- Mataa baa’yee xiqqaa
- Dheerina kan umurii isaanii irraa baay’ee xiqqaachuu
- Shiffeen googatti ba’uu
- Gogaan keelloo ta’uu fi ija addaachuu
- Maashaalee lallaafoo

Mucooliin muraasni (hanga 20%) cCMV qaban dhageettii dhabuu dhaabbataa ni qabaatu. Dhageettii dhabuun kun yeroo dhalatan jiraachuu danda’a ykn booda yeroo ijoollummaa mul’achuu danda’a. Sababa kanaaf, qorannoo dhageettii yeroo yeroodhaan taasisuun barbaachisaa dha, yoommuu dhalatan mallattoon biroo yoo hin mul’annellee jechuudha.

Daa’imman cCMV qaban baay’een isaanii mallattoolee dhukkubichaa malee kan dhalatan yoo ta’u, mallattoolee agarsiisuun/qabaachuun irraa hin eegamu.

Qorannoon daa’imman reefuu dhalatanii mucaan mallattoolee qabaachuu fi dhiisuu tilmaamuun hin danda’u, kanaafidha qorannoon dabalataa daa’imman cCMV qabaniif barbaachisaa kan ta’e.

### Filannoowwan wal’aansaa yaalaa akkamiitu jiraa?

Dhibeen cCMV fayyuu kan hin dandeenye ta’us, mallattoolee muraasa yaaluun ni danda’ama. Wal’aansawwan ta’uu danda’an kanneen akka:

- Afaan mallattoo, meeshaalee dhageettiidhaaf gargaaran, baqaqsanii hodhuun kokliyaar galchuu daa’imman dhageettii dhabuu qabaniif gargaara
- Qoricha farra vaayirasii, yoo Ispeeshaalistii dhukkuba daddarbaa (ID)daa’immanii ID tiin gorfame

Daa’imman cCMV qaban mallattoolee mul’atan irratti hundaa’uun doktara idilee isaanii fi dhiyeessitoota biroo (akka barbaachisummaa isaatti) bira deemuu ykn arguu qabu.

### Maddeen Odeeffannoo

**Faawundeeshinii CMV Biyyoolessaa**
www.nationalcmv.org

**Giddugala To’annoo fi Ittisa Dhukkubaa:**
www.cdc.gov/cmv/congenital-infection.html

**Qorannaa Jalqabaa Mucaa:**
www.babysfirsttest.org

DEPARTMENT OF HEALTH
Sagantaa Qorannaa Daa’imman Reefuu Dhalatanii, 601 Robert St. N., St. Paul, MN 55155
Bilbila (800) 664-7772, Faaksii (651) 215-6285 ***afaan kan hiiku ni argama**
REV 01/2023